qaanqee@hotmail.com

Lakk. 3 Hagayya bara 2001
Qaanqeen Bosonaa: Qarriffaalee bulguu mataalee shananii ciisa gololee
gamaa fi gamanaa qadhabaa (kottisaa), warraaqsa
Walabummaa Sabaatiin bubuqqisee fulla'a !
Billaawa qara gama lamaa irra ejjannee
qaqqalamuun ni raawwata !
Fincilli booddessitummaa, fincila
warraaqxummaatiin daakama !
Tokkoomuu keenyaan duratti ,tokkoomuuf jecha,
jalqaba sararaan garaagarummaa keenya
hangaasu taraaramu qaba jedha!

GILGAALA QABATAMAA HAALA QABATAMAA AMMAYYAA
(CONCRETE ANALYSIS of CONRETE CONDITION)

Ilaalchaa fi sochiin sabboonummaa Oromummaa kan ukkaamsaa gadaamessaa sirna kiyyoo abbaa-garbaa (colonialism) keessatti guduumfamee dhalate, waqxii ammaantanaa guddina ol'aanaa dhaqqabaa jira. Qaanqeen warraaqsa walabummaa saba Oromoo yeroo tokko dibamaa yeroo tokko mul'ata suuta suuta guddatee jijjiirraa hundee agarsiisaa as gahe.

Sochiin warraaqxota qubaan lakkaawaniin bitimee bute (jalqabe) osoo naannigamee korbobbee tuuta hagoo keessatti hin hafin, ar'a kunoo geeddarama bu'uraa (radical change) agarsiisaa deemuu isaattu mul'ata. Fincilaa fi warraaqsi waggoota dheeraaf ummanni keenna kiyyoo gabrummaa irratti godhaa ture sadarkaa tokkoffaa irraa gara sadarkaa lammataatti, naannoo tokko irraa gara biyya guututti; sochii murna yartuu irraa gara warraaqsa walabummaa sabaatti; of-ittisa (defensive) irraa gara haleellaatti (offensive) tarkaanfataa jira. Dhugaan, firris diinnis beekee wallaaluu hin qabne, warraaqsi kun, milkiin xumuramuun isaa yeroo haa gaafatu malee kan dhabamuu hin dandeenyee tahuu isaati. Inumaayyuu faallaa kanaatiin, diddaa fi fincilli ummanni keenna sirna kiyoo gabrummaa irrattii godhu humnoota booddessitummaa (retrogressive forces) kanneen gololee hundumaa keessa jiran dhiibee jeequmsaa fi raafama diinqa isaanii keessatti uumeera.Raayyaan gabroomfattootaa fi booddessitootaa akka duritti ficilaa fi diddaa gabrummaa ukkaamsuu dadhabee ofuma isaatiif walitti garagalee wal nyaatu eegale. Kiyyoo gabrummaa Habashaa, suuraa bulguu mataalee shan qabu fi kan ofumaa walitti garagalee wal-nyaatun wal fakkaata.Suuraa bulguu mataalee shanii tii fi ibsa gabaabaa, barreeffama kanatti qabsiifnee waan baafneef jecha, fuula itti aanu irratti ilaalaa.

(Habashaa Colonialism Committing Suicide)
Ibsa gabaabaa bulguu mataalee shanii:

1. Mataan tokkoffaan, gartuu Mallasaa Zeenaawii-ti
2. Mataan lammaffaan, masaanuu Mallasaa-ti

3. Mataan sadaffaan, gartuu ayyaan laallattoota-ti (jaarmayoota.-PDO)
4. Mataan afraffaan, Habashoota Tigrinyuu baddaa Ertiraa-ti
5. Mataan shanaffaan, of-tuultota gita bittuu Amaaraa-ti.

Bulguun kun :

1. Mataa shan qaba
2. Mataan shananuu hennaa ammaa wal ciffataa jira
3. Mataan shananuu garaa tokko fi afaan tokko qaba
4. Harka lama qaba:- harka mirgaa tiin shugguxii qabatee ofitti dhukaasa (suicide); harka bitaa tiin garaa of- buqqisa
5. Akka namaa, miila lama qaba
6. Namtichi bulguu kana duuba taa'ee quuqee ilaalu, hoggana booddessaa qabsoo Oromoo keessatti riphee dha
7. Mucaan dhalaattuun lafee kana jalatti kufee ciisuu, warraaqxootaa fi sabboontota bulguu kanaan ukkaamamanii dha

8. Bofni mataa namaa fi gaafa re'ree qabu ammoo, mootummoota biyyoota alaa kanneen mootummaa gabroomfataa Habashaa-tii tumsanii dha.

HAALA DIINNI QABSOO OROMOO KEESSATTI ARGAMU

Akkuma asii olitti tuttuqame, warraaqsi walabummaa Oromoo sirna gabroomsaa mootummaa gita bittuu Tigiree tiin (Wayyaanee tiin) hogganamuu dhiibee jeequmsaa fi raafama wal irraa hin citne keessa seensiseera. Haalli mijuun qabsoo bilisummaa Oromoo milkessuu fi fuul durattis tarkaanfachiisuu danda'u uumameera. Haal-dureen talboojjiin xaliilee, dheedhiin bilchaatee, haal-sab-warraaqaan (National revolutionary situation) uumamaa jira. Jal-dhaaba (sub-structure) sirna kanaa keessatti, jeequmsi diinagdee sadarkaa furamuu hin dandeenne irra gaheera. Kanummaan walfaana, jeequmsi hawaasummaa (social crisis) ummata roorroo sirna kanaa tiin faxoorame hundumaa tarkaanfii sussuphaa fi hegeree impaayericha irraa abdii kutachiisee turkaanfii wal irraa hin cinneef kakaaseera. Baruma kana keessa, mana barmoota ol'aanaa biyyichaa keessatti sochiin bartoota farra-faachistummaa kan ummataan deeggerame godhamuun isaa haaluma kana agarsiisa.

Jeequmsi kun, jeequmsa diinagdee tii fi hawaasummaa qofaa irratti hin dhaabbatne. Hundee isaa jal-dhaaba sirna kanaa keessa naqatee, gubbarraa-sirnichaa (super structure) keessatti raafamaa fi jeeqama aangoo (power crisis) uumeera.Dhibdeen sirna birokraasii daga-baaftummaa (colonial bureaucracy) keessatti dhalate jabaatee, hennaa ammaan tanaa abukaattowwan sirnichaa facaasaa jira.Namoonni kufaatii sirna kanaa hubatan, birokraasii bulchiinsaa (civil bureaurcracy)fi jaarmaya OPDO keessaa yaa'anii gara alaatti baqatuu itti fufaniiru. Birokraasiin waraanaa (military bureaucracy), loloota baroota

dheeraa keessatti raammayee dhoowuuf guyyaa komfii isaa eeggataa jira.

Raayyaan gita gabroomfataa akka duraanitti tokkummaa isaa tiikfatee warraaqsa ummatootaa dura dhaabbatuu dadhabee ofuma isaatiif walitti garagalee wal-nyaatuu, wal-aalatuu, wal-hidhuu, wal-ajjeessuu fi wkf qaata jalqabe. Diigamiinsi gubbarraa sirna kanaa keessatti jalqabee itti fufee, babbaqaquu, fofottoquu murnoota adda addaa tiin of mul'ise.

Yeroo jalqabaa-tiif seenaa impaayerichaa keessatti, raayyaan Wayyaanee uumaa faashistummaa dhoksaa (crypto-fascist nature) fi dhibdee garaa isaa kan waaroo dimokraasummaa tiin golgame mulqamee, ummata duratti wal-balaaleffatuu fi wal-ajjeechsuu dhaan saaxil of dhaabe.

Akkuma gitni gabroomfataan hegeree Impaayerichaa irraa abdii kutatee of ittisuu irraa gara diigamatti cehe, ummanni keenna-illeen akka duriitti bitamuu didee jijjiirraa sussuphaa (reform) irraa abdii kutatee, jijjiirraa bu'uraatiif tarkaanfii fudhataa jira.

HAALA QABSOON BILISUMMAA OROMOO KEESSATTI ARGAMU

Warraaqsi walabummaa Oromoo, akkuma booddessitummaa sirna gabroomfataa Habashaa jeeqama hin fayyine keessa galche, humnoota booddessitummaa kan mooraa qabsoo bilisumma Oromoo keessatti riphanii qabsoo keessaan diigaa as gahan-illee osoo hin hafin, diinqa hoggana-hagoo keessattis shoorarkaa fi raafama wal irraa hin citne uumeera. Gama tokkoon warraaqsi walabummaa Oromoo ajandaa dantaa murnoota xixiqqoo tarkaanfachiisu irraa gara dantaa fi kaayyoo ummata Oromoo fiixa baasutti cehuun isaa gama biraatiin humniti sab-warraaqxummaa (National revolutionary force) guddataa dhufuun isaa humnoota dantaa ummata Oromoo dura dantaa mataa isaanii dursan soda fi gar-lamummaa keessa seensisuu isattuu mul'ata. Yeroo amma kana, xurreelle siyaasaa (political trends) kan walii faallaa ta'an lamatu warraaqsa Oromoo keessatti calaqqisaa jira. Isaanis, xurree booddessitummaa kan matama ofii isaatiyyuu ukkaamsaa diinatii fi haala gara garaa tiin qancaree deebi'ee qabsoo Oromoo qancarsa as gahee fii hummnoota tarkaanfattummaa (progressive forces) ti. Humniti booddessitummaa hundeen isaa tokko haa ta'u malee yeroo ammaa kana akkuma mootummaan Wayyaanee ajandaa aangoo irratti wal-hudhu, innis ajandaa aagoo irratti bakka lamatti qoodamee wal-danqaa argama. Humniti booddessitummaa dantaa ummata Oromoo irra dantaa mataa isaa dursuu irratti waliigalullee garaagarummaa tooftaa bifaa fi ilaalcha qaba. Isaanis ayyaanlaalattummaa fi qancarsitumma dha. Rakkoolee kana, Qaanqeen Bosonaa lakkoofsa 1-ffaa irratti bal'innaan waan babbayseef irra deebi'uu hin barbaadu.

Ammaan tana, haal-dureen bilchoon qabsoo Oromoo fuul duratti warraaqsuu danda'u uumamu-llee, dhaabni keenna kan qabsoo bilisummaa Oromoo keessatti hangafummaa, amantii fi jaalala ummata Oromoo qabu, - ABOn – rakkoollee xaxaan isaanii hangana hin jedhamne keessatti liqimfamee haalli mijataan dhufe marti isa darbaa jira.

Sababiin hundee kan rakkole kana dhale, kaayyoo Adda Bilisummaa Oromoo ti fi ummata Oromoo osoo

hinta'in, ilaalcha ayyaanlaallaattummaa ti fi qancarsitummaa ti. Qaanqeen Bosonaa ilaalcha booddessitummaa fi aayyaanlaallaattummaa balaaleffata malee, ogganoota warraaqxotaa fi kaayyoo ABO hin balaaleffatu. Kaayyoo bilisummaa Oromoo hanga dhumaatti irratti cicha.

Hogganoota warraaqxotaa fi kaayyoo ABO, yaada ijaaraan itti birmata. Ilaalchi ayyaanlaallattummaa fi qancarsitummaa hogganootaa fi murnoota ajandaa dhoksaa qaban keessaan calaqqisa. Xureen ayyaan laallattummaa fi qancarsitumma hennaa ammaa bifaa fi sifa armaa gadii tiin of saaxila jira

1. Dantaa fi kaayyoo ummata Oromoo dura dantaa nam-tokkee fi murna xiqqoo dursuu (self-seeking). Kun ammoo dantaa ofiiti fi murna ofii dantaa ummata Oromoo tiif wareeguu dhabuu irraa burqa.
2. Dheebuu fi bolola aangoo tiin qabamanii osoo yeroon isaa hin gahin qabsoo bilisummaa gara dorgommii aangootti jijjiiruu (prematured power rivalary)
3. Tokkummaa hoggana dhaabaa dhabamsiisanii tokkummaa miseensootaa, kan WBO, ABO fi ummata Oromoo diiguu
4. Gosummaa babal'isanii bakka Oromummaa buusuu dhaan, gandummaa fi amantii, tooftaa aangoo ittiin koran horachuuf ittiin gargaaramuu
5. Abdii miseensi hoggana , hogganni immoo miseensa irraa qabu dhabamsiisuu
6. Hogganni: kaayyoo, heera, seera, naamusaa fi safuu dhaabichaa kama ofii tumee barsiise, ofumaa cabsee, fakkii fokkataa ta'uun abdii miseensaa fi ummanni Oromoo hoggana irratti qabu dhabamsiisuu
7. Kijibaa fi shira siyaasaa moosisanii dhugaa awwaaluu fii .... kkf keessatti argaman.

Girrigirrii fi dingataa'ummaa keessa, humnoonni ajandaa dhoksaa qabatanii qabsoo walabummaa sabaatti makaman, sadarkaa lammataa irratti warraaqsuma ofii kakaasan wajjiin tarkaanfachuu dadhabudhaan, qabsicha kolaasuu ykn qolomata dha'anii kufisuu irratti akka bobba'an seenaan bilisummaa cunqurfamootaa ragaa baha. Kan ar'a qabsoo bilisummaa Oromoo keesatti calaqqisu-lleen kanuma. Kuni ammoo haala aanjawaa diina kufisuu danda'u faallessee gara haala qabsoo Oromoo dadhabsiisuu fi kuffisutti deemuun isaa, humniti warraaqxummaa fi bilisummaa dirqama seenaan itti kenne hubatee, akka tarkaanfii dandamachiiftuu fudatu dirqisiisa.

Waan ta'eef jecha, madda rakkoo qabsoo mooraa bilisummaa Oromoo keessatti uumame qorannee, yaada furmaata ni ta'a jennee amannu gumaachina.

? Maddi rakkoo qabsoo Oromoo maalii?
? Diinatu itti heddummaatee?
? Deeggarsa ummataa dhabee?
? Kaayyootu rakkoo qabaa?

Deebiileen gaaffillee kanneenii, " miti" kan jedhuu dha. Kaayyoon kun, fedhii ummata Oromoo irratti kan hundaa'e waan ta'eef, deeggersaa fi jaalala ummata kumaatamatti lakkaa'amuu qaba. Ummata gurmuu guddaa fi biyya bal'aa keessatti, qabsoon Oromoo humna xiqqoon kan injifatameef, "diinatu nutti baay'atee injifatamne" sababiin jennuuf inuma waan hin jirre. Yaadni, "diinatu nutti bay'atee injifatamne" jedhu yaada of ittisaa (apologetic) waan ta'eef, qabsaa'ota dammaqoo biratti fudhatama hin

qabu.Silaa osoo diinni baay'achuun qabsoo bilisummaa sabaa kan kuffisuu danda'u ta'e, ummanni Vetinaam,Kubaa fi Eritraa osoo bombiin akka bokka'aatti itti roobu hin bilisoomu ture. Kanaafuu, maddi rakkoo qabsoo bilisummaa Oromoo, hoggana dantaa mataa isaa wareegee, dhugaan, qulqullummaa Oromummaa tiin qabsoo kana hogganu dhabuu isaati. Sababiin hayyoonni seenaa sabaa qoratan, qabsoo bilisummaa keessatti murteessummaa jaarmaya cimaa hoggana qajeelaan hogganamu kan gadi jabeessaniif kanuma. "If you have a qualified leadership you have everything".

Haalli ammaan tanaa, sirna gabroomfataa, qabsoo hidhannoo fi fincila ummataa tiin gargaaramnee buqqisuu; walumafaanas, murna aayyaanlaallattummaa fi qancarsitummaa, sabboonummaa Oromummaa fi warraqxummaan irra aannee, warraaqsa bilisummaa sabaa hogganuu nu gaafata . Warraaqsa bilisummaa sabaa keessaa hoggana warraaqaa maddisiisuu fi humnoota booddessitummaa (retrogressive forces) irrattis injifannoo gonfachuun, si'uma tokko haal-duree fi itti baha taha (cause and effect at a time) jennee amanna. Hoggana qajeelaa argamsiisuu fi ayyaan laallatummaa fi rincicummaa irra aanuu dhaan ar'a qabsoo dandamachiisanii, diina irratti duuluun ammoo boruuf hin ballamamu. Tarkaanfii gama lamaanii, booddessitummaa gololee lamaanii irratti fudhachuun boruu miti ar'a.

Haala mijjaawaa amma jirutti gargaaramnee, tarkaanfii dandamachiiftuu armaa gadii irratti akka mar'atamu, Qaanqeen Bosonaa hamilee warraaqxummaatii fi sabboonummaa Oromoomaa tiin afeera.
1. Kaayyoo, sagantaa, seera, heera fi naamusa qabsoo bilisummaa Oromoo bakkatti deebisuu
2. Warraaqsa bilisummaa Oromoo keessaa hoggana warraaqaa fi tarkaanfataa maddisiisuu
3. Hogganoota jaarmayoota Oromoo ilaalcha ayyaanlaallattummaa fi qancarsitummaa irraa xaliilchuu
4. Tarsimoo fi karoora haala yeroo irratti hundaa'e gamtaan qamashuu
5. Gurmuu sabboontotaa fi qabsaa'ota Oromoo ittichuu fi jajjabeessuu
6. Shakkii fi diigama hogganoonni waraana Oromoo, sabboontota Oromoo giddutti uume, marii fi qeeqa ijaaraan haquudhaan gurmuu warraqxotaa ittichuu
7. Waraana Bilisummaa Oromoo: qabeenyaan, qaamaan, beekoomsaan, kkf itti birmachuu.

XIINXALLAA GAAFFII KORA SABAA

Qabsaa'otaa fi sabboontonni hedduun furmaanni rakkoolee mooraa bilisummaa Oromoo keessatti uumamanii "Kora Sabaa ti" jedhanii amanu. Hogganni ABO –llee, gaaffiilee sardituu miseensa irraa dhiyaattu "kora sabaattu isiniif deebisa" jedhee baallamaa as gahe. Ilaalchi karaa miseensotaanis ta'ee kara hogganootaa tiin jiru irra caalaan, kora sabaa akka qoricha tokko kan dhibdee qabsoo bilisummaa Oromoo mudate mara fayyisuu (the only panacea) godhee dhiyeessa. Haa ta'u malee, Qaanqee Bosonaa tii fi warraaqxonni yaada qulqulluu fi bilchaataa qaban, korri sabaa kan ulaagaa hundumaa guuttate yoo taa'ee, furmaata hundee fiduu hanqatullee rakkoolee qabsoo keenna mudatan sasalphisuu ni danda'a jedhanii amanan. Dubbiin akkuma feete haa taatu, ilaalchi fi hubannoon qabsaa'onni kora sabaa irratti qaban, quubsaa waan hin ta'iniif jecha, shora (role) korri sabaa qabsoo Oromoo keessatti qabu gaaffilee asi gadii tiin gilgaallee calleessina.

SEENAA GABAABAA KORA SABAA

Qabsoon bilisummaa Oromoo hennaa sirni mootii moototaa (autocracy)n gara bulchiinsa dukkanaawaa faashistummaa abbaa-irree waraanummaa (facist military dictatorship) cehu jalatti waan jalqabeef, uumaa seer-maleessummaa fi dhoksaa (illegal and clandestine) qaba ture. Jaarmayaan ABO, guddinna qabsoo keessa walfaana guddataa, seer-maleessummaa irraa gara seer-qabeessummaa-tti of jijjurruuf tattaaffii bara dheeraa godhe.Sababiilee dhibdee alaatii fi keessaa irraa kan ka'e, dhaaba keessatti, walgahii xixiqqoo dirreelee Bahaa, Dhihaa fi biyyoota alaati godhatuu malee, wal gahi sirnaa fi ifaa ta'e tokko-lleen dhaaba kana keessatti osoo hin godhamin korri sabaa lammaffaan bara 1998 taa'e. Dhalootuma ABO irraa kaasee hogganni hagoon, dantaa dhokataa golgaa qabsoo bilisummaa Oromoo keessatti tarkaanfachiisaa ture, cagginoo sodaa gama lamaa tiin (paranoia)n qabame, rakkoo gara garaa sababsataa korri sabaa akka hin teenne lafa irra harkisaa ar'a gahe.
" Korri sabaa yoo taa'e aangoo narraa fudhata "sodaa jedhu waan qabuuf hoogganni kun, gonkumaa korri sabaa akka hin teenne, yoo taa'ellee, miseensota isaaf amamanoo fi gugguufoo ta'an qofa waamee " kora sabaa goone" jedhaa ture. Akka heeraa yoo ta'e, dhaabni ABO qaamotaa fi caasaalee jaarmayaa beekkamoo kora sabaa lammaffaa irratti seeraan utubamanii fi diriirfaman qaba. Akka silaa yaadametti, sadarkaa fi guddina dhaabaa kan yeroo ammaa wajjiin qamonni fi caasaaleen lafa kaayaman: Kora Sabaa, Koree gidduu (Gummii Sabaa) , Waajjira Siyaasaa (Shanee Gumii) fi dameelee torban turan. Hata'u malee, hogganni ABO kan duris ta'ee kan ammaa, fonqolchii seeraa fi caasaa (constitutional & institutional coup d'eta) gochuudhaan, Hayyu Duree qofaan waan ofii barbaade hojjata.Kan barbaade muudee, kan hin barbaatne mulqa.Lukkeelee diina dhiisanii, miseensa basaasan, dhaaba keessatti bobbaasa. Yeroo ammaa kana, yoo waajira Hayyu Duree ta'e malee, qaamni tokkko-lleen hojii irra hin jiru.Waan raajii, hogganni haarayaan jijjiirraa hundee tiin as nuuf baha jennee osoo eegnu, faaressa (drama)fonqolchaa heera fi caasaa itti fufee, fonqolchaa kaayyoo tiin xumurate. Kanaaf ragaan qabatamaan, imaammata nagayaa kan ifa baheen (officially) kaayyoo ABO haquu isaati. Qabsoon Oromoo, gurmuu keenna irratti diktaataroota seeraa gubbaa taa'an (prerogative power) waan uumeef jecha, karaa seeraa tiin kora saabaa waamanii diktaataroota kana seera jalatti deebisuun, fincila qabsaa'otaa gaafata.

Hogganni booddessaan ABO sakaalee kuffise, suuta suuta mirga dimokraasii dhaaba keessaa dhabamsiisee gara sirna-dhablummaa fi abbaa – irrummaatti jijjiire. Uumaa mirga dimokraasii fugguu deebisee mataan dhaabe. Miseensotaa fi murnoota amanamoo of jalatti ijaaree, kan yaada biraa qaban dhabamsiisuuf, tooftaa tolaa ykn boordoo-tti (carrot-and-stick democracy) gargaarama. Imaammata dimokraasii tolaa-boordoo, guraa (cone) qarri ol-garagaleen (ilaa fi ilaamee mataan dhaabbateen ibsuu yaalla.

Dimokraasii haqaa Dimokraasii fugguu, sooqiddaa-qororoo
(carrot-and-stick
democracy)

Korri Sabaa Qabsoo bilisummaa Oromoo keessatti shora akkamii qaba?

Gaaffiin kora sabaa, gaaffii kaayyoo siyaasaa osoo hin ta'in, gaaffii ol'aantummaa seeraa fi heeraa ti. Kana jeechuun, korri sabaa qaama ol'aanaa ABO keessatti heeraa fi seeraan utubamee-dha. Korri sabaa,

meeshaalee rakkoolee qabsoo bilisummaa Oromoo mudatan ittiin furannu keesssaa tokko malee, xurreeleen rakkoolee qabsoo Oromoo madatan ittiin furannu hundumtu kora sabaa callaa (qofaa) miti. Korri sabaa, yoo rakkolee qabsoo bilisummaa Oromoo mudatan ittiin furachuu kan nu dandeessisu ta'e, akka ogaamalatti ykn nooraatti (technique and mechanism) itti gargaaramuu ni dandeenya.

Karaa biraatin yoo yaada kana ibsuun barbaachise : qabsoo bilisummaa Oromoo-ttu "kora sabaa" dhale malee, kora sabaa ti miti kan qabsoo bilisummaa Oromoo dhale. Korri sabaa ilmo malee haadhoo miti ("National Congress is not a cause but an effect of Oromoo national liberation struggle"). Korri sabaa yoo rakkoolee qabsoo bilisummaa Oromoo mudataniif furmaata bu'uraa kan hin argamsiifne ta'ee argame, warraaqxotaa fi tarkanfattoonni, filmaata walabaa-qabsoo akka qaban rogaan hubatuu barbaachisa. Garuu yaada kana, murnoonni ilaalcha ayyaanlaallattummaa qaban, "seera dha-blummaa" (anarchism) jedhanii abaaruun isanii hin oolu. Korri sabaa kan haal-duree fi ulaagaa hundumaa guuttate yoo ta'e rakkoo keenyaaf furmaata hundee ni argamsiisa yoo jedhame, gaaffilee armaa gadii akka madaalaa-tti ittiin qarqaaramnee ulaagaalee kora sabaa gingilchuu yaalla.

1. Korri Sabaa maaliif waamama? Deebiin gaaffii kanaa, "rakkoolee qabsoo bilisummaa Oromoo mudatan hundumaafuu furmaata hundee fi waaraa argamsiisuudha" kan jedhu ta'a. Kana jechuun ammoo, maddi rakkoo dhaaba ABO, hoggana sirnaa fi dhugaa kan qulqullummaa Oromummaa tiin qabso kana hogganu dhabuu ta'u isaa, qabsaa'onni wayyabni itti amanu. Yaada asii olii kana irraa wanni hubannu yoo jiraate, hogganni madda rakkoo ta'u isaati. Maddi rakkoo, rakkoo jedhame furuu waan hin dandeenneef, korri sabaa kan hoggana amma jiruun waamamu yoo rakkoo irratti rakkoo biraa dabale malee, furmaata fiduu hin danda'u. Muuxannoo kora sabaa kan hanga ammaatti godhamee irraa wanni barannus kanuma. Koroonni sabaa kanneen hanga ammaa hogganoota turan jalatti waamamaa turan, rakkoolee qabsoo Oromoo mudatan furuuf osoo hin ta'in, warraaqxotaa fi qabsaa'oota dhugaa ukkaamsanii miseensotaa fi murnoota hoggana aangoo irra jiruuf amanamoo fi gugguufoo ta'an horachuuf ta'uu dhugaa hundumti keenna beeknu. Korri ammaa achi hoggana amma jiru jalatti waamamus karama duraanii hordofuun isaa hin mamsiisu.

2. Kora Sabaa eennutu waama? Koreen qindeessituu kora sabaa hoggana amma jiru kanaan moggaafamuu isii dhageenneerra. Maddi rakkoolee qabsoo Oromoo mudatan "hoggana" yoo jenne, hogganni duris kan ammaas, yakka hojjateef akka yakkaatti, dogoggora godheef akka doggoraatti, danuu hojjateef akka danuutti murtii isaa argatuu qaba. Kanaafuu, hogganni yakka fi shira qabsoo Oromoo irratti hojjateef murtii Kora Sabaatiif dhiyaatu, koree walaba taate ijaaree kora sabaa ni waama jechuun, of gowwoomsuu dha. Hogganni kun yoo tarkaanfii kana fudhate, haaduu ofii qareen of qaluu ta'u waan beekuuf hin godhu. Koreen inni iccitiin ijaarullee irraa caalaan isaanii lukkeelee kaartaa lamaan taphataa as gahan waan ta'aniif, warraaqxotaa fi tarkaanfattoota Oromoo biratti fudhatama hin qaban. Adeemsii hogganni amma jiru kora sabaa haa waamuu jedhu karaa seeraat-illeen yoo xinxallame fugguu dha. Yakkamaan tokko yakka isa irratti dhiyaate ofuma isaatiif abbaa seeraa, abbaa alangee fi iyyataa ta'e murteessuu hin danda'u. Seerri akkasii hanga ar'aa seera addunya keessa hin jiru. Seerri akkasii yoo jiraate, gufuu qabsoo bilisummaa Oromoo waan ta'eef, irree warraaqxotaa tiin haqamu qaba jenna.

3. Kora Sabaa irratti eennutu waamama? Akka seera ABO irratti ibsametti, namni kora sabaa irratti hirmaatu, "miseensa qabsoo isaa tiin ummata Oromoo biratti amanamuu fi jaalatamu" jedha. Haa ta'u

malee, haala qabatamaa sochii amma godhamaa jiru irraa akka calaqqisutti, hogganni ilaacha ayyaan-laallattummaa fi qancarsitummaa qabu tarkaanfattootaa fi warraqxonni dhugaa akka kora sabaa irratti hin argamne godhaa jira. Odessi qabatamaan dhiyeenna kana gara qaama sonii Qaanqee Bosonaa irraa nu gaye akka mirkaneessutti, hogganni booddessaan amma jiru kun, miseensota (warraaqxota) WBO, hangafoowwaan, gameeyyii ummata Oromoo biratti jaalalaa fi fudhatama qaban, osoo Korri Sabaa hin tenne dursee miseensummaa isaanii rarraasuu, mulquu fi inumaa ajjeessuu-illee jalqabeera. Keessattuu, miseensota WBO kan zoonii Kibbaa fi Bahaa, miseensota Kaaba Awuroophaa fi Kaaba Ameerikaa qiyyaafannoo jala galfateera. Osoo dhiigni jagnicha Oromoo, Gishuu Jaarraa, kan rasaasa hoggana kanaa tiin kufe hin qoorin, kunoo ammallee akkuma barate, jaallan hafan irrattis shira biraa jalqabeera. Shiruma kana ilaalchisee, hoggana ol'aanaa ABO irraa guyyaa 22.07.2001, xalayaa raarra'uu miseensummaa jaallan qabsoo-tti ergame, Qaanqeen Bosonaa ragaa qabatamaa wajjiin harkaa qaba. Amerikaa Kaabaa keessatt-illee miseensota argaman rarraasuuf yaaliin hogganni kun godhe harkatti fashale. Karaa biraat-illeen hogganni kuni, osoo korri jedhamu hin godhamne duratti, hoggana ol'aanaa irraa kaasee hanga miseensota daka jiranitti: rarraasuuf, mulquuf, hidhannoo irraa hiikuuf, facaasuu fi ajjeesuuf galmee gurraacha (blacklist) qopheessuu isaa, oduun qal'oon simbira bosonaa irraa nu geette mirkaneessiteera. Hogganni ammaa kun, imaammata balbala cufuu (closed-door policy) tarkaamfachiisaa jira. Biyya keessaa fi biyya alaatti, miseensota yoo inni qufa'e, haxxifatan ijaarataa jira. Miseensota gameeyyii ummata Oromoo biratti fudhatamaa fi jaalatama qaban "naamusa cabsan, caasaa baqay'san, fincila kakaasan, icitii firfirsan, xalayaa facaasan", kkf jechuu dhaan, mirga miseensummaa irraa mulqaa fi rarraasaa jira. Haala kana keessatti, miseensi ulaagaa kora sabaa guutee qooda fudhatu miseensa hoggana amma jiruuf amanamoo ta'e qofa waan ta'eef, bu'aan kora sabaa, hoggana seeraan alatti filamu raggaasisuu yoo ta'e malee, faaydaa hin qabu jennee amanna.

4. Korri Sabaa eessatti waamama? Akka burqaa odeessa qabatamaa irraa dhageenyutti, hogganni amma jiru kuni, bakkee fi iddoo miseensonni WBO hedduminaan irratti argamuu hin dandanyetti, kora sabaa kopheessaa jira. Sababii gara garaa dhiyeessee, korri sabaa akka dirree hidhannootti hin godhamne godhaa jira. Maqaa iccititi fi nagummaa (security) golgatee, gaaffiin kun deebisa akka hin argannes ukkaamsaa jira.

5. Korri Sabaa yoom waamama? Hogganni duraanii, korri sabaa akka hin teenne sababii gara garaa uumee, tooftaa lafa-irra harkisuu (dilatory tactics) tiin dabarsaa ture. Hogganni amma jiru ammoo, harka wayaa jalaa tiin murna aangoo irra ittiin turu ijaarataa, warraaqxotaa fi qabsaa'oota facaasaa "kora sabaa waama" jedha. Nu garuu, kora sabaa kan ulaagaa fi haal-duree hundumaa guuttate ammaan tana - daddaffiin – haalli teessisuu fi milkeessuu danda'u hin jiru jennee yaadna.

6. Korri Sabaa kan haal duree fi ulaagaalee hundumaa guuttate yoom waamama?

Deebiin keenna: 1. Yoo gurmuun warraaqxotaa fi tarkaanfattootaa jabaatee, xuree aayyaan-laallattummaa fi quncarsitummaa irratti ol'aantummaa argatee

2. Rakkoon hogganni ayyaan-laallataa fi qancarsaan waraana bilisummaa Oromoo (WBO) giddutti uume haasawaa fi wal amantiin yoo furame.

3. Yoo qabsaa'otaa fi warraaqxonni dirree qabsoo hidhannoo jiran: "Korri Sabaa kan ulaagaalee hundumaa guuttate taa'uu qaba" jedhanii murteessan qofa, korri sabaa iddoo fi yeroo isaan qoopheessanii fi itti waamanitti taa'uu qaba jennee amana.

7. Hanga Korri Sabaa kan haal duree fi ulaagaalee hundumaa guuttate taa'utti, qabsoon ni dhaabbataa?

Deebiin gaaffii kanaa: hanga korri sabaa inni ulaagaalee fi haal-dureelee hundumaa guuttatee taa'utti, "qabsoon itti fufu" kan jedhu ta'a. Korri sabaa kan ulagaalee hundumaa guuttate qabsoon dhufa jennee amanna. Ajandaa kora sabaa tii fi rakkoolee dhaabaa keessaa tiin liqimfamnee, qabsoo diina tarsimoo irratti godhamu dagatuu hin qabnu.Qabsoon farra-gabrummaa, bifa hidhannoo tiin (armed resistance) itti fufuu qaba. Humnoota ukkaamsaa mootummaa Wayyaane jala jiraan hundumaa, fincila ummatootaa (popular insurrection) tiif kakaasuu qabna. Birokraasii sirna kiyyoo gabrummaa, bifa hundaanuu diiguun gaaffii belbeltuu yeroo ti. Birokraasii waraanummaa mootummaa Habashaa (military bureaucracy) , humna socho'aa tarsimoo (strategic mobile force) tiin dugugguuruu isaa kutuu qabna. Caasaa birokraasii bulchiinsaa keessa lixuudhaan (infiltration), macaroo isaa jiigsutu nurraa eeggama. Humna tarsimoo kan baaadiyyaa Oromiyaa keessaa socho'u milkeessuuf, naannawa magaalota Oromiyaa –tti, humna shira diinagdee (economic sabotage) hojjatu leenjifnee bobbaasuu qabna. Kana irratti dabalee, jeeqama mootummaa Wayyaanee keessatti dhalate-tti dhimma baanee, tarkaanfii faallessitu (subversive action) fudhatuu qabna. Olola qoraa-malaa lolaa (propaganda of psychological warfare) belbelchuu dhaan, hamilee fi hadhooftuu waraana roorroo jigsuu qabna. Waraana mootummaa Wayyanee irratti hojjannee fincilsiisuu fi gansiisuu danda'uu qabna.

Qaanqeen Bosonaa: waan hundaafuu, baallamaa fi wal qunnam tiin keenya hojii irratti (action) haa ta'u jedha.

-Yeroon tarkaanfiin itti fudhatamuu qabu amma!
-Qabsoo Bilisummaa Oromoo dandamachiisuuf ka'aa!
-Tokkummaan Waraana Bilisummaa Oromoo haa cimu!
-Ayyaan-laallaattootaan sobamuun haa raawwatu!
-Oromiyaan qabsoon bilisoomti!

Koree Gulaalaa QAANQEE BOSONAA